# Namni nyaata nyaatee ka'ee: Al-hamdulillaahillazii ax'amanii haaza wo razaqaniihi min gayri hwlin minnii wolaa quwwah, jedhe badiin isaa inni dabarse isaaf dhiifameera» jechuunis: faruun kan Rabbii malaa fi humna kootiin maletti kana na nyaachisee na razzaqeeti, jechuudha

Sahal ibnu Mu'aaz ibnu anas akka abbaa isaa irraa odeessetti ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni nyaata nyaatee ka'ee: Al-hamdulillaahillazii ax'amanii haaza wo razaqaniihi min gayri hwlin minnii wolaa quwwah, jedhe badiin isaa inni dabarse isaaf dhiifameera» jechuunis: faruun kan Rabbii malaa fi humna kootiin maletti kana na nyaachisee na razzaqeeti, jechuudha.

[hasani] [abuu daawud, tirmizii, ibnumaajah fii ahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni nyaata nyaate akka Rabbiin faarfatutti kakaasani, nyaata fidachuufis ta'ee isa nyaachuufis gargaarsa Rabbii ol ta'eetiin yoo ta'e malee anaaf humni hin jiru jedhee. Eegasii nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama sana jedhe dhiifama Rabbiin badii isaa xixiqqoo darbeef isaaf godhuun gammachiisani.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/5431